Australian Government
Department of Social Services

Miidhaa Mana Keessaa fi Maatii Haawaasa LGBTIQ keessatti

Awustiraaliyaatti miidhaan manna keessaa fi maatii fudhatama hinqabu.

Dubartii fii dubartii, dhiiraa fii dhiira walitti heeruman, kanneen saala lamaan waliinuu ta'uf fedhii qaban, isaan saala geedaratan, kan qaama saala lamaanu qaban fii namoonni akka addaatti (Lesbian, Gay, Bisexual, Transgender, Intersex and Queer (LGBTIQ)) ilaalaman, biyya Awustiraaliyaa keessatti mirga walqixa ta'e waan qabaniifuu, loogii kamiiyyuu dhoorkaadha.

Awustiraaliyaa keessatti walitti dhufeenyi hundumtuu seera fuul duratti walqixa. Kana jechuunis, cimdooleen hundumtuu kanneen saala walfakkaatu dabalatee, walitti dhufeenya uumachuuf ykn heerumuu fi fuudhuuf mirga qabu.

Namni kamiyyuu maatii, hirriyyaa fi kanneen jaalatu waliin walitti dhufeenya gaarii fi kan naga qabeessa ta'e qabaachuuf mirga qaba.

Miidhaan mana keessaa fi maatii yakkawwan seeraan alaati. Namni yakka kanneen raawwatees, dhiira ta'e duubartii, hidhamuu danda'a.

Ati ykn namni ati beektu kan balaa keessa jiru yoo ta'e **000** irratti polisiif bilbili.

Awustiraaliyaatti Polisiin nagaa fii amanamoodha.

Gorsa iccitaawaa fii odeeffannoo bilisaatiif **1800 737 732** irratti 1800RESPECT tti bilbilaa.

Turjumaana bilisaa kan barbaadu yoo ta'e **131 450** irratti bilbili.

Mootummaan Awustiraaliyaa (Australian Government) haala kamiiyyuu jalatti miidhaa mana keessaa fii maatiif hin obsu.

Miidhaan Mana keessa fii Maatii amalawwan ykn dorsiisawwan nageenya hiriyaa jireenyaa jeequu fii soodaachisuun to'achuurratti kaayyeefate raawwatamu kan hammatuudha. Miidhaan Mana keessaa fii Maatii kunis kan hammachuu danda'u:

- rukutuu;
- hudhuu;
- hiriyaa gaa'ilaa ykn maatii maallaqa barbaachisu dhoowwachuu;
- Hiriyaa gaa'ilaa hiriiyyootaa fii maatiirraa adda baasuu;
- Hiriyaa gaa'ilaa arrabsuu ykn qeequu;
- Ijoollee ykn beeladoota manaa soodaachisuu dha.

Miidhaan Mana keessaa fii Maatii walitti dhufeenya warra LGBTIQ akkasuma kan hammatu:

- hiriiyyaa gaa'ilaa irratti sadarkaa saala lama qabaachuu, haala ilaalcha quunnamtii saalaa, saala, ilaalcha saalaa, saalaa geeddarachuu, ykn sadarkaa HIV isaaniitti fayyadamuun doorsiisu;
- hiriyyaa gaa'ilaa maatitti, hiriiyootatti, hawaasatti ykn bakka hojiittiin 'ifa si baasa' jechuun sodaachisuu;

- hiriyyaan gaa'ilaa akka qoricha ykn kunuunsa fayyaa geedaruumsa saalaatiin wal qabatan akka hin arganneef to'achuu; ykn
- hiriyaan gaa'ilaa akka haala aadaa baramaa quunnamtii saalaa fi saalaatti jiraatuuf dhiibbaa taasisuu.

Awustiraaliiyaa keessatti tajaajilawwan deeggarsa kennuu danda'an jiru.

ACON'n dhimmoota fayyaa namoota LGBTIQ miidhu danda'an irratti, miidhaa mana keessaa fii maatii dabalatee, odeeffannoo bilisaan ni kenna. Tarreewwan tajaajilliwwan daaggarsa LGBTIQ hammataman argachuuf gara marsariitii **ACON www.acon.org.au** dhaqaa.

1800RESPECTn tajaajila gorsaa miidhaa saalaa, jeequmsa maatii fii miidhaa mana keessaa biyyaaleessaa Awustiraaliyaati. Innis tajaajilawwan odeeffannoo fii gorsa hiccitaawaa karaa bilbilaa fii onlaayiniitiin bilisa kenna. Gorsitoonnis isin dhaggeeffachuun, gaafii keessanis deebiisuun, akkasumas tajaajilawwan gargaarsaa naannoo keessanitti argaman kan biraatti isin ergu danda'u.

1800 737 732 irratti bilbilaa ykn marsariitii **1800RESPECT** irratti karaa **www.1800RESPECT.org.au tiin addatti odeeffannoo** LGBTIQ **argadhaa.**

Nama Turjumaanaan si gargaaru barbaaddaa?

131 450 irratti Tajaajila Hiikaa fi Turjumaanaa (**Translating and Interpreting Service** (TIS)) tiif bilbili. Tajaajilawwan gara biraa waliin dubbachuuf namni turjumaanaa TIS irraa isiin gargaaru kan danda'u yoo ta'u, garuu TIS gorsa hin kennu. Bilbilli hundinu bilisaa fi iccitaawoodha.